



MAXXANSA 10^{FFAA}
LABATA

2021
Adoolessa, 09

Og-barruu Saba guddaa gaanfa Afrikaa; Saba Oromoo
keessatti ga'ee isaa taphachuuf hojjeta !



<https://t.me/labatamagazine>

-powered by-



Design. Printing. Advertising
+251902165878



<https://t.me/ellangraphics>

Baafata

7.

Dubartummaa

Dubartummaan gad-aantummaa osoo hin taane, hayyummaadha!

8.

Ga'umsa nam-tolchee

Ga'umsa nam-tolchee (Artificial Intelligence)

9.

Gubachaan jira

Walaalo

10.

Aartii Oromoo

Aartiin waan hunda saba tokkooti. Afaan saba ukkaamfameeti.

14.

Fuggisoo

Kutaa 2^{ffa}a

16.

Soora Sammuu

Sammuun beela'u irra garaan beela'u wayya!

17.

Duutees Ni Jiraatta

Walaalo

18.

Hojii(Business) Hojjedhu!

Qarshii qabaachuuf hojjechuun dirqama. Hojjechuuf immoo dandeettii fi tooftaan barbachisaadha.

20.

Gaafas

Walaalo

Hubachiisa

- ✱ Barruu kana irratti barreeffamoota jiran eeyyama barreessaan alatti yookis qopheessaa barruu kanaan alatti maxxansuun seeraan dhorkaadha. Mirgi qopheessaa seeran eegamaadha.
- ✱ Barreeffamoota, Dizaayinii barruu kanaa yookis qabiyyee barruu kanaa walakkaas tahe guutummaa isaa toora hawaasaa kam irrattiyyu raabsuunii fi barruu kana baay'isanii koppii gochuun seeran dhorkaadha.



Dhaamsa!!

Nagaan keenya bakka jirtan maratti isin haa gahu. Barreessitoonni fi dubbistoonni qophii fi raawwii hojii kanaarratti qooda fudhattan galatoomaa. Barruun dijitaalawaa Afaan Oromoo kun, galaa seenaatti dhimma bahaa; Akeektuu dhaloota har'aa ta'uun, godaambaa labata borii hundee laayyootti hin raafamne irratti ijaara. Ittiin hamilee fi safuu dhalootaa ol kaasaa; hubannoon irraa baradhaa.

Barruu Dijitaalawaa Afaan Oromoo



+251902165878



barru.labata@gmail.com



Magazine Labata



T.me/labatamagazine



**Qopheessaa Barruu Labataa
Eeliyaas Asaffaa**



+251937742636/+251902165878



eliyasefa001@gmail.com



Eliyas Asefa



**Gulaalaa Barruu Labataa
Tolawaaq Olii**



+251 93 9211121



toli79761@gmail.com



Tolawaaq Olii



Haacaaluu Hundeessaa

Maal Mallisaa?

Barruun Labataa Maxxansi 10ffaa yaadanno Qaalii
keenyaa Haacaaluu Hundeessaaf qophaa'e.



Dubartummaa

Boontuu Xaaloo

"Dubartummaan gad-aantummaa osoo hin taane, hayyummaadha!"
Eenyummaan kee kan murtaa'u ala keetiin qofa osoo hin taane,
ga'umsa keessa kee jiruuni!

Uumaan gaafa uumama uumu,
hundumaa lama lamaan uume.
Nama dhiiraaf dubartiin,
lubbu-qabeeyyii kaanis
akkasitti qajeelchee saala
faallaa waliin uume.
Dubartummaan ammoo kennaa
isa guddaadha! Kana malees,
dubartummaan akka uumaatti
osoo hin taane, akka
namaatti dhiibbaa guddaa
qaba. Kana gaafan jedhu
dubartummaan gad-aantum-
maadha jechuu koo miti.
Sana aniyuu nan morma!

Waa'ee dubartummaa yoon
kaasuu, dhiibbaa karaa
dhiirotaan(Ilaalcha) irra
ga'u jechuu kooti. Ammoo
dubartummaan uumamaan
dhiibbaa inuma qaba. Kana
odeeffadhee osoo hin taane,
jireenyaan argeen jira. Dur
yeroo barnoonni ammayyaa
hin jirre, utuu teeknoloo-
jiin akkasitti hin
babal'atiin, dubartoonni
hiree mataa isaanii, kan
akka:- Barnoota barachuu
yookiin mana barnootaa ofii
barbaadanitti barachuu,
sirna gaa'elaa nama jaala-
tan waliin dhaabbachuu hin
danda'an ture.

Hiree kana hunda kan
murteessuuf maatii isaanii
yookii qaama biraa dha.
Maatiin jireenya ijoollee
isaanii keessatti shoora
hin qaban jechuu koo miti.
Fedha fi yaada shamar-
raniif bakka kan qaban
gar-malee yartuu waan
turaniif malee.

Mammaaksonni hamilee
dubartootaa tuqanillee
hanga irratti mammaakama-
nitti bartee gadheef kan
saaxilaman danuu dha.
Fkn'f "Dubartiin dheertuu
malee beektuu hin qabdu.",
"Beekumsi dubartii dinqaa
olitti." hanga jechuutti
ga'ameera. Ani yaadaa fi
fakkii dhimma kanaaf ken-
name sirreessuun yaala.
Dubartiin dheertuudhas;
beektuudhas. Shamarran
akka koo, ilaalcha ilma
namaa gad xiqqeessuu akka-
siin of ilaaluun hin bar-
baachisu.

Nuyi dubartoonni hojj-
echuu, dubbisuu, barrees-
suu, hoogganuu, kalaquu fi
qixxee dhiirota kamiyyu
dhaabbannee dalaguu ni
dandeenya.

Namoota akka addunyaatti
dhiibbaa gurguddaa uumuud-
haan beekaman keessaas
dubartoonni qooda qabu.
Kana arbeessuuf osoo hin
taane, waanuma ijaan arga-
mun dubbachaa jira. Egaa
tuffii hundee hin qabne
kana cabsuun nurra jira
jedheen amana. An abdii hin
kutu, nan danda'a, nan
hojjedha !

Barreessaa fi gaazexeessaan
raadiyoo sagalee Ameerikaa
Dhaabaa Wayyeessaa akkas
jedha, "Namni mo'u abdii
hin kutu, namni abdii kutu
hin mo'u!" Anis abdii hin
kutu, nan mo'a!

Dubartiin Lammii Ameerikaa
Jooyis Maayer jedhamtu,
Kitaabota 100 olii fi digi-
riiwwan barnootaa 48 qabaa-
chuun beekamtu, fakkeenya
kooti. Nama dubartummaa
fakkeenyaan natti agarsi-
iste dha. Maqaan(Saalaan)
osoo hin taane; sammuun
akka hojjetaniin irraa
bare. Dubartummaan haadhum-
maa, obboleettummaadha
malee dadhabdummaa yokaan
gad-aantummaa miti.



GA'UMSAA NAM-TOLCHEE

Bulchaa Abdii

Kutaa I f f a a

Ga'umsa nam-tolchee/Artificial Intelligence/ fi Fuul-duree keenya Jechi "Ga'umsa nam-tolchee"/Artificial Intelligence/ jedhu, nama maqaan isaa Johan Maakartii/Johan Macarthy/ jedhamun bara 1945 GC. kan moggaafame yommuu ta'u, waggoota darban keessatti gama damee ga'umsa nam-tolcheen hojiiwwan baayyeen hojjetamaa fi qoran-noowwan jaboonis godhamaa turanii jiru. Akka mooggaasa maqaa isaatii jechi "Artificial Intelligence" jedhu kun "Ga'umsa nam-tolchee" kan jedhu waliin sirriitti wal-madaaluu baatus, barreefama kana keessatti ga'umsa nam-tolchee jechuun fayyadamna.

Maalummaa isaa irra yoo kan jalqabnu tahe, Maashina yokaan Kompiitara gahoomsuun deeggarsa namootaa malee dandeettii hojiiwwan gurguddoo fi wal-xaxoo tahan akka furan gochuu jechuu dha. Akkasumas dandeettiiwwan ilmi namaa umamaan qabu, maashinootaaf kennuu kan jedhuus ibsa dabalataa ta'u danda'a.

Namni umamaan dandeettii wantoota wal-xaxaa ta'an furuu akka qabu beekamaa ta'ullee, hojiiwwan baayyee (wal-maddii) fi wal-xaxoo ta'an furuuf, maashinootni dandeettii nam-tolchee akka qabaatan gochuun waan barbaachiseef, argannoon teeknoolojii kun yeroo ammaa addeessa biyyooni qarooman ittiin wal-dorgoman keessaa isa tokko ta'eera.

Ga'umsa nam-tolchee iddoo sadiitti qoodnee ilaaluu dandeenya.

①Ga'umsa Nam-tochee Salphaa(Weak Artificial Intelligence)

②Ga'umsa Nam-tochee Waliigalaa(General Artificial Intelligence)

③Ga'umsa Nam-tochee Olaanaa(Super Artificial Intelligence)

Dameen(Seektarootni)ga'umsi nam-tolchee keessatti tajaajilaa jiru muraasni:-

*Fayyaa *Qonna *Geejjiba

*Humna waraanaa *Waarshaalee fi

*"Maanufakchariingi" *Taphoota/Games/ fi kkf.

Ga'umsi nam-tolchee gama fayyaatiin teeknoolojii "Virtual Reality" Jedhamu fayyadamuun wal'aansi kennamaa kan jiru yommuu ta'u, Ogeessi fayyaa bakkuma jiru taa'uun qaama wal'aansa barbaadu tokkoof akkuma qaamaan bira jiruutti yaalii gahaa ta'e taasisa.

Seektara Geejjibaatiin Konkolaattonni ofiin of-konkolaachisan biyyoota bayyee keessatti hojii keessa galaa jiran kunneen duuba inkoon(gaheen) ga'umsa nam-tolchee olaanaa dha. Fkn'f Kaampaaniin "Tesla" yeroo dhiyoon as gosa konkolaataa kanneen hojjechuu irratti argama.

Akka waliigalaatti dandeettii nuyi qaama miiraa keenyaan hojjennu jechuunis, funfachuu, dhandhamuu, dhaga'uu, arguu, hubachuu fi yaaduudhaan wantoota darbee irraa barachuun murtee haaraa kennuu, waan ful-duraa tilmaamuu fi kkf. Amaloota ilmi namaa umamaan qabu dha.

Namni hundi wal-qixa madaaluu kan hin dandeenye tahus, gama teeknoolojii kanan garuu yeroo dhufuutti wantoota amala ilma namaa ta'an kanneen armaan olitti tuqne kanneeniin, ilma namaa caalaatti Maashinootni/Kompiitaroonni dogoggora tokko malee akka hojjetaniif yaadamee damee irratti hojjetamaa jirudha.

Jaarraa 19ffaa gara xumuraa fi jaarraa 20ffaa gara jalqabaa guddinnii fi badhaadhinni biyyoota gud-datanii kan madaalamaa ture cimina "Indastrii" fi Warshaaleen yommuu ta'u, itti aansuun biyyoonni humna waraanaa fi meeshaa waraanaa qabaniin wal madaalu ture. Keessattuu lola addunyaa 2ffaa booda ciminni fi dandeettiin akkasuma immoo kabajni biyyittiin tokko qabdu ulaagaa armaan oliin madaalamaa ture. Haa ta'u malee jaarraa keeysa jirru kanatti, ciminni fi dandeettiin biyti takka qabdu akkasumas egereen olaantummaa ishee kan madaalamu "ga'umsa nam-tolchee" isheen kalaqxuun akka ta'u qabxiileen akeekan danuun mul'achaa jiru.

Maaransa 11ffaa irratti itti fufa



Gubachaan jira

Daawwitee Tamasgeen

Amma utuun olkaasee gaafadhe nama hundumaa
Madaa nun garaa qabnu yoom dubbatamee dhuma
Utuma beeknuu firaa hubaa wajjiniin nyaanne
Kan taa'uu waliin teenyee kan kaatu wajjin kaanne

Malee akka madaa keenyaaf yoom teenya sukkummannee
Funaansaan aarsaa taana gahaannam seennee gubannee
Yeroo inni lixaa boo'u inni bahaa yoo kolfe
Yeroo inni kibbaa suphu inni kaabaa yoo horfe

Har'as akka kaleessaa teenyeetuma ilkaan qarree
Arguu keenya itti fufna waan kaleessa hin agarre
Utuu manaa wal lollee wal tumannuu cinaacha
Afaan nunaqee deema akaafaadhaan cirracha

Sunsumatu beeka firaa hubatee gubaa abiddaa
Eenyuun caalaa Oromoo gaafadhaa maalummaa roorroof gaddaa
Xinnaaf guddaa owwaalee imimmaan xuruurfate
Bor lafti in ifa jechaa utuu arguu dunuunfate!

Daa'ima ol adeemaa dhoqqee iyyuu laaqee hin quufne
Kan dubbiin afaan isaatii waraanees nama hin quuqne
Gara Laafina malee dhiiga biyyoon makanii
Nan beeka akka isaan naasuu malee wanta yaadan godhani

Iyya isaaf gurra dhabee baatee madaa ciqilee
Kan hin guddatin hafe akka biyyaa biqilee
Oromoo malee maali kan jiraatti owwaalame
Kan gara ballinni isaa gowwummaatti lakkaa'ame

Gaafa kabalamuun koo haxaa'aa waranamuun koo hoossaa
Gaafa gammachuukoof gammadi miidhaakeef booda boossaa
Dubbiin kan bade har'a miti gaafasi malee jamaa
Gaafa guyyaa saafaa Haacaaluu dhabne qaxalee qixxee kumaa

Gaafa du'aa keenya owwaallachuufuu mirga dhabne sana
Keenya durumaa bade maal dubbaturee kana
Kunoo akka walaalee mataa qabadhee firaa
Qoraan ta'ee goggogee kunoo gubataan jira.



AARTII OROMOO

F I E R G A A I S A A

Orooliyaanaa Margaa

Aartiin waan hunda saba tokkooti. Afaan saba ukkaamfameeti. Uummanni tokko jira kan jedhamu, yoo aartii mataa isaa qabaatedha.

"Aartiin aantidhan jedha!" Aartiin ammoo finna ofiiti. Isa quuqqaa ofii itti himatan, isa gubaa ofii itti obsatan.

Aartiinis akkasuma, ibsituu quuqqaa yaada ofiiti.

Mat-duree wallee :- Walagarra!

Walaloo fi yeedaloo :- Galaanaa Gaaromsaa

Qindeessaan Muuziqaa :- Daawwit Taaddasaa

Waraabbii viidiyoo, "Edit" fi "Direct" (Qajeelchuun)

kan hojjete jabaa biyya Oromoo Amansiisaa Ifaati.

~

Qulqullinni viidiyoo isaa kan baay'ee namatti toluu fi nama hawwatuudha. Akka kiliippii wallee kanarraa mul'atutti waa-uumteen(Creativity) addaa tokko jira. Innis teessuma duwwaa fi alangaa teessoo san gubbaa jiru, duubaan dallaa manatti marsee irratti mooratu fannifame, fuulleetti ammoo galaana dambaali'ee jiruutu qalbii namaa samiif dachee gidduutti rarraasa. Oromootu galaana guddaa sana bira kaa'amee, alangee ofirratti qabatee jira. Akka kiyyatti, "Barcumni sun teessoo abbaa Gadaati(Teessoo hoggansaa).

Alangeen: *Aboo ykn humna taayitaa abbaa teessoo sanati. Galaanni sun ammoo uummata bal'aa bakka bu'a. Isa hafe isinumaafan dhiisa. Walaloo sirbichaa fi maal jechuun akka barbaadame akka hubannaa kiyyaattan isiniif hima.*

*Nan geerara aariikoo
Kan na keessaa boba'uu
Yoo gaalee ta'ee malee
Supheen gaachana hin ta'uu
Leenca ta'ee dhaladheen
Kodhoolleemmoo ta'aaree
Namni bakakkaa beeku
Dibbee dhaannaan na'aaree?!*
*Ijoolllee biyya kootii,
Gugurraa mataan furaa
Eenyutu eenyuun haale
Maali hirbuun gaafa duraa
Namni kun quuqqaan laphee
isaa keessa jiraachuu ibsa.*

*Amma quuqqaa kana waliin jiraachuu akka
hin feenee fi aarii isaa akka voolkaanoo
jireenya isaa nyaate kana geeraree of
keessaa fuuttaasuuf qophaa'aa jira.*

*"Namni bakakkaa beeku
Dibbee dhaannaan na'aaree?"
Nuti duruu itti beekna jechuu isaati.
Waan barbaadde yoo fidde, na'uun hin
jirtu. Sagaleesaa barreerra, wal
doorsisuun wal bir'achiisuun hin
danda'amu jechaa jira. 'Osoo birbirsii
jiruu Maaltu faarsa miciree?'*

Birbirsi muka guddaa gaaddisaa fi da'oo namaaf bineensaa ta'uun beekamuudha. Mukaa meeshaaleen faayaa garaa garaas irraa tolfamanidha. Osoo mukti guddaan kun jiruu, "akkamiinaan miciree yartuu faarsaree?" Sabni Oromoo guddaan osoo jiruu, akkamiinan alagaa faarsaree?" akka jechuuti. Sabni Oromoo ammoo, saba guddaa gaanfa Afrikaatti beekamuudha. Duudhaa, safuu, aadaa fi Afaan mataa isaa kan qabuudha. Saba guddaa, horteen isaa biyyoota Afrikaaf Addunyaa mara keessa jiruudha. "Sabni kun osoo jiruu akkamiinan, saba yartuu faarsaree?" Jedhe Galoon !

~

"Na nyaartullee hin na'u gonka
Dhugaa irraa maaltu na dhorka?"
Mootummaas taatu, abbbaa feete yoo taate, sabni tokko yoo
na nyaarte, daandii dhugaa irraa eenyuyyuu na maqsuu hin
dandeessu jechuu isaati. Dhugaan ilmoo waaqaati.
Eenyuyyuu irraa na maqsuu hin danda'u jedhe.
"Eessatti kufe namni dhugaaf guule
Galgala hin tolu namni sobaaf duule!"

Dhugaan ni qal'atti malee, hin
cittu. Oromootu jedhe. Dhugaan
dhugaadha. Dhugaa faana imaluun
ammoo eessattuu nama hin gattu.
Yoo sobni parsantii 99 ta'e,
dhugaan ammoo parsantii tokkittii
taatee isheetu mo'ata. Soba waliin
deemuun ammoo, galgala keessa nama
qaanessiti. Duulli sobaa,
tarkaanfattee eessayyuu deemuu hin
dandeessu. Yeroodhaaf garuu, imala
sirrii namatti fakkaachuu d
andeessi. Galgalli kee hin
badiin jedha Oromoon.

~

Obsi daangaa darbu qabaa.....
Harki bokkuu qabu bodees numaa qaba
Natu si baata - situ of dadhaba!
Obsuufi dhoksuu koo dabuma seete
Ni beekti garaan koo akka na goote
(Obsaan aannan goromsaa dhuga jedha
Oromoon). Haa ta'u malee, obsi daangaa
darbinaan sodaa fakkaatti. Yoo roorroon
hammaattee ammoo, harkuma bokkuu qabutu
bodeen ishee dira. Diina ofirraa qola.
Qe'ee abbaa ofiittis nama hambisa.
"Biyya abbaa kooti jettee injiraan
moluu irratti hafte" akkuma jedhamu,
nyaaphaa nama nyaartes ofirraa galchuun
abbaa biyyummaa ofii mirkaneeffachuun
dirqama jechuudha.

~

"Sibilallee sibiilatu qara
Dhugaan namaa galgala gala.
Hadhaba cabsa inni karaa beeku
Haqatti hin dabu namni haqqii beeku"
Ilkaan Arbaa arbumatu cabsa! Sibiilas
sibiila yoo ta'e malee, homtuu qaruu
hin danda'u. Dhugaan ammoo yoo
awwaalamteyyuu, galgala watwaatteet
galti. Kana eenyuyyuu beekuu qaba.
"Sangaan usnaan iyyite qacceen
Beekaa riphnaan dhaadatti dawween
Eenyutu na'aaf bubbuttaree nyaara
Keessi hin mul'atu beeki garaan dhiiraa!"

Abbaa dhugaan jalaa dabde osoo hin dubbatiin, inni dhugaa dabse dubbachuu eegale jechuudha. "Abbaan re'ee koo qalatee nyaate ammaa dubbata jennaan, meerre dubbachaa hin jiruu?" Jedhe jedhan namichi. Sabni Oromoo osoo dantaan isaa jalaa haqanqalame jiruu nyaattuun hamachuu eegalte jechuudha.

~

"Maaf na nyaara na hin nyaaru kanarra
Maalan aarasi hin aaru kanarra
Maalan boo'a hin boo'u kanarra
Yoo jiraanne birraa wal agarra
Yoo wal taanee; moonee wal agarra!"
Kana booda hin aaru, hin
boo'u.....gaddis natti dhaga'amuu hin
qabu jechuusaati. Fuula koorraa ifti
haa mul'atu, garaan koo ammoo booree
baasuuf qophiidha akka jechuuti. Gumaan
dhiiraa ammoo waggaa sagalitti baati
jedhu miiree! Ammoo fuuldura keenya,
Birraatti wal agarra. Mo'achuun yoo
wal taane qofaadha.

~

"Yaa ijoollee yaa ijoollee
Kan jenne hin oolle!
Nan gala hin jedhu namni
osoo hin geenye
Fala hin argatu namni faloo
hin beekne!"

"Amma isaaf guututti, namni quufe nan
gala hin jedhu. "Midhaan warra gowwaa
bonaa ganna nyaatu" akkuma jedhamu,
yoo ofirraa galchuu baatan nyaattuun
nan galaa hin beektu. Ammoo faloo
falanii ofirraa galchuun dirqama.
Falli ammoo yoo faloo beekan argama.

"Dhugaan qaxxisa tiratti

Akka argite hin deemtu karaadha filatti
Gaafa ol baatu tulluudha in mul'atti"
Dhugaan hin ariifattu, suuta jettee
deemti. Gaafa yeroo ishee eeggattee
dhufte, homtuu dura goruu hin danda'u.

Karaan isheen irra deemtu karaa
dhugaati. Karaa filattee malee karaa
hundarra hin deemtu. Gaafa baate
ammoo guddattee mul'atti. Akka
ibidda tulluurraa hundatu ishee arga.

Gowwaan hosseen karra cufa
Namni kufuu hawwe teessumatti kufa
Gara - kuteessatti dukkanni ni ifa!
Gaafa dhiiraa lubbuun haa dabartu
Eessa abbaashii silas du'a hin haftu
Gaafa giitii lubbuun haa dabartu
Erga Haacaaluu lubbuun na hin marartu!
Hosseen muka boqqoolloo humna hin
qabnedha. Karra ittiin cufachuuf
mitii, ittiin waa rukutuuf iyyuu
hin taatu. Gowwaan egaa hojiin
isaa akkana.

Namni fedhii kufuu qabummoo dhaabbatee
osoo hin taane taa'eet kufa. Kun ammoo
humnaa-ol dadhabina namaa agarsiisa.

Lubbuun wanta qaali gatiidhaan
argamuu hin dandeenyedha. Yoo baddes
deebi'uu hin dandeessu. Garuu, guyyaa
xiiqii lubbuun qaaliin kun na hin
marartu, saba koof ofin kenna jechuu
isaati. Akkuma Hacee, qaaliin keenya
Oromoo fi Oromiyaaaf jecha lubbuu
isaa kenne, anis akkasuma
jechaa jira, Galoon !

Karaa baay'ee qabna
Yoom nu dhibe karaan irra deemnu
Silaa numa deemna numa deemna
Maaliif galma hin geenyu
Karaa nu qabe moo garaadha laa
Maaf gahuu dadhabne
Duunee gumaa dhabne
Lammiikoo ammaawoo nuu game
Roorroon nutti hammaatte
Sabakoo aammaawoo nuu game
Duunee gumaa dhabne
Lammikoo ammaawoo nuu game

Maal
Mallisaa

Sagalee keetan hawwee
Taliila kee qabbana
Garaa na raasa anaan
Akka baaroo sheekanaa

“Artist Hacaaluu Hundeessaa Boonsaa Riqicha seenaaa oromoo kan darbe,
kan jiruu fi kan dhufu ta’ee darbee!”



Fuggisoo

Guutuu Amsaaluu

Kutaa 2^{ffaa}



*Osoo kutaa 2ffaa hin dubbisin dura kutaa
1ffaa maxxansa 9ffaa irraa dubbisaa!*

“Amma isa ammaa fuutee deemuu qabda” jette ogeettiin fayyaa. “Amma isa ammaa!” Suuraa fokkisaatu argaa-yaadaa isaatti kaafame. Daandii guddaa namni baay'aturra uumama addaa kanaa wajjin deemuu, “Hin danda’u”, “Maal akkamitti?” jedhee gungume.

Namoonni na dubbisuun isaanii hin oolu. Maalin jedhan? Jaarsa waggaa torbaatamaa kana “kun daa’ima koo har’a dhalatedhan” jedhaa? Jaarsichi gaabii isaa ofiin qabaatee waliin suuqii bira darbanii deemu moo lafa garboonni itti gurguraman geessu laata? Obbo Baatan yeroo xiqqoof ilmi isaa gurraacha utuu ta’ee hawwe. Manneen jireenyaa babbareedoo bira taranii, mana sooruma maanguddoolii utuu gahani barbaade.

“Kottu!” Qophaa’i!” jette Ogeettiin.

“Gaabii kana uffatee deema jettee hin yaadin” jedhee deebise jaarsichi.

“Daa’imman gaabii malee hin ba’ani.”

Jaarsichi akka kolfuu ta’aa huccuu adii ol qabee agarsiise. “Ilaali!” jedhee dheekkame.

“Kana naa qopheessani.”

“Daa’imman hundi kana uffatu.”

“Daqiiqaa lama booda waanan uffadhu hin jiraatu. Gaabiin kun na hooqsisaa. Yoo xiqqaate ansoolaa naa kennuutu irra ture.”

“Ofirraa hin baasin! Hin baasin!” jedhe obbo Baatan ariifatee. Ogeettiitti garagalee,

“Maal godhu?” jedhe.

“Gara magaalaa deemii ilma keef uffata bitii.” jetten.

Obbo Baatan sagalee ilma isaan hordofamaa deeme. “Uleen qabadhee deemus naa bitii, abbaa jedheen, daa’imtichi waggaa torbaatamaa fakkaatu.

Obbo Baatan afaan keessa qaqqabachaa abbaa suuqiitti dhiyaate. “Mucaa koof uffata bituun barbaada.”

“Umriin isaa meeqa?”

Obbo Baatan “sa’a ja’a hin caalu”
jedhee utuu itti hin yaadiin deebise.
Uffanni daa’immanii duuba sana jira.”
“Aa-ani-tarii inni hin ta’uuf ta’a.
Umrii isaa caalaa guddata. Garmalee
guddaa dha.”
“Uffata daa’immanii gurguddoos qabna.”
Obbo Baatan “uffata ijoollee ol
adeemtuuf ta’u hoo eessaan argadha?”
jedhee gaafate irraa achi siqaa;
Saalfiin isaa akka irratti beekamuu hin
oolle yaade.
“Kunooti.”
“Tole.” jedhe mamaa.

Ilma isaatti uffata nama guddaa uffisu-
un jibbisiisaa ta’ee itti mul’ate.
Uffata ijoollee, dheeraa argannaan
areeda isaa irraa muree, harrii isaa
qalama gurraacha dibee iccitii isaa
dhoksatee kabaja biyya Baaltimor
keessatti qabu eeggachuu danda’a.
Haa ta’u malee uffata dheeraa ilma
isaaf ta’u argachuu hin dandeenye.
Suuqichatti aare (silaas waan gochuu
danda’u hin qabu). Abbaan suuqii “Ilmi
kee waggaa meeqa naan jettee? Jedhee
gaafate.
“Aa- kudha ja’a.”
“Wayyoo, dhiifama. Sa’atii ja’a dura
dhalate jetten se’e. Uffata dargaggoot-
aa gubbaa Sanaa argatta.”

Obbo Baatan of nyaachaa achi garagale.
Fuulli isaa ni ife; quba isaa nam-fak-
kaatee (Ashaangulliitii) mana
daawwitii keessa dhaabatee jirutti
qabe. “Sana!” jedhee iyye. “Suufii
sanana bita. Abbaan suuqii ija babaase.
“Maal, “ jedhee morme. “Uffata ijoollee
miti. Kan ijoollee ta’us qophii
gurguddaaf qofa kan uffatamu dha.
Atumtuu uffachuu dandeessa. Obbo Baatan
ariifachaa “naa qixeessi” jedhe. “Kanan
barbaadu isa dha.”

Abbaan suuqii dinqifatus waan ajajame
raawwachuu hin dhiisne. Obbo Baatan
hospitaalatti deebi’ee uffaticha ilma
isaatti darbate. “Kunooti kafanni kee”
jedhe dheekkamsaan. Jaarsichi feestaa-
lii gadi hiikee wayyaa isaa ilaale.
“Uffata akkamiiti kun? Namoonni akka
natti goosan hin barbaadu.”

Obbo Baatan “Atuu nama qoosaa na
gooteetta!” jedhee dheekkame. “Uffachuu
didnaan sin reeba.” Waan jechuun irra
ture akka dubbate itti dhaga’ame.
“Tole, abbaa na caalaa umrii dheeraa
jiraatteetta. Na caalaa beekta.”
Ammas jechi “abbaa” jedhu garaa isa
gube. “Daddafi!”
“Daddafee uffachaan jira, abbaa.”
Ilmi isaa uffatee yeroo xumuru obbo
Baatan aariidhaan isa ilaale. Uffanni
isaa kaalsii tuqaa, surree akka diimaa
fi shamizii adii dha. Areedni isaa
adiin mudhii bira ga’uuf homaa hin
hafne. Hin miidhagu.

“Afachu!”
Obbo Baatan qarabaa hospitaalaa fuudhee
areeda ilma isaa si’a sadiin irraa
mummure. Ta’us bifti isaa hammanatti
hin geddaramne. Rifeensa mataa yabbuu,
ija dadhabduu fi ilkaansaa dulloomaan
faallaa kafana inni uffatee fakkaata.
Obbo Baatan garuu didee mataa jabaate.
Harka isaa diriirse. “Kottu!”
Ilmi isaa amantaadhaan harka isaa qabe.
“Maqaa koo eenyu jettee na moggaasta,
abbaa?” jedhee gaafate. “Ammaaf hanga
maqaa gaarii argattutti mucaa naan
jettaa? Obbo Baatan ni gungume. Hin
beeku. Tarii Maatusaalaa jennee si
waamna.

Marxanga Iffaa irratti itti fufa



Soora

S a m m u u

Lammaa Asaffaa

"Barmeelli" homaa hin qabne yeroo Lafarra konko-laatu sagalee guddaan iyya. Dhagaa fi gufuudhaan daddarbatama. Kan bishaan qabuu ammoo, badaa sagalee hin dhageessisu. Dhagaa fi gufuu ammoo kan isaa gadii yoo ta'e hunkuteessaa; Kan isaa olii yoo ta'e ammoo of duratti kabajeetu dhiisa. Akka barmeela isa duwwaa asiif achii dhayamee hin goolamu.

Dhalli namaas akkanuma, kan sammun isaa homaa hin qabne wacaa fi iyya baay'isa. Waanuma hundatti bu'ee hafuura of kuta. Kan sammun qalbii qabu ammoo qabbanaa'ee dubbata; tasgabbaa'ee jiraata. Gaaffii jireenyi dhiyees-situuf, naamusaan deebii kenna. Hin ariifatuu (hin jarjaru)qalbiin hubata. Kanaan sooromuuf immoo dubbisuun furmaata isa tokko. Akkuma qaamni keenya dagaaguuf, bareeduuf, dhiiga rabsuuf, hojii isaa hunda dalaguuf soorata barbadu, sammunis beekumsa fi ogummaa kuufatee akka "barmeela" isa bishaan qabu yoo ta'e tola.

Namni kitaaba dubbisu osoo hin du'iin dura, waggoota kumaatama hedduu jiraata. Namni hin dubbisne garuu si'a tokko qofa jiraata. Akkuma soorachuuf yeroo qoodnee: Ciree, Laaqana(Nyaata guyyaa) fi Irbaata(Dhiyana) jennee garaa keenya soorru, kitaabotas sagantaan qoodnee dubbisaa, sammuu keenya sooruu qabna.

Dubbisuun:-

Arraba gabaabsa

Alfaan dhiphisa

Sammuu bal'isa

Wallaalaa qaroomsa

Beekaa daraan qara.

Kitaabni kan barraa'u miidhaginaaf yookaan tarree galchanii olkaa'uuf miti. Qubeeleen waliitti qindaa'an; Jechoonni waliin tarree galan; Himootni dhaamsaan wal tumsan humna mil'uu (perspective) namaa jijjiiru qabu. Ta'us akkuma arrabni dhandha-mee mi'a fi hadhaa waan tokkoo gargar baasuu; Sammuunis dhugummaa waan barreeffame sanaa nu amansiisuuf yookiin haaluuf ga'umsa mataa isaa qaba jedheen tilmaama. Yommuu dubbisnu madda gaarii haa filannu jechuumaafi.

Kanaaf yaa lammii koo haa dubbisnu. Sammuun beela'u irra garaan beela'u wayya! Inni garaan beela'e akka goota keenya Asaffaa Shaaroo Lammiitti biyyee nyaatee jiraachuu danda'a. Inni Sammuun beela'e garuu, akkuma Akkoo Manooyyee "bineensa daggalaa Farda jedhee yaabeetu hallayyaatti didhima". Inni dubbisuu ofiif qoraasuma, namootaaf kitaaba qajeelfamaa, madda beekumsaa ta'a.

Qoraasuma: Muka urgeessituu, qoodaa annaanii ittiin uulan ykn qulqulleessan.

Nagaatti!

Ija ilaalee fi sammuu kuusee keessaa.





Duutees Ni Jiraatta

Bazzuu Gizaachoo

Jabaa gita hin qabne
Goota garaa hin hirre
Isa utuu jedhee
Gaabbiin of hin cirre

Wabii dhugaa taatee
Ardiirratti argamte
Dhugaadhaan falmitee
Dhugaaf wareegamte

Urjii Saba bal'aa
Afaan miliyoonaa
Tokko kumaan qixxee
Jiraakee osoo hin quufiin
Lafa fagoo dhaqxe

Sagaleen qabsoofte
Eeboof mancaa hin qarree
Faajii dhugaa ol kaastee
Daandii dharaa hin tarre

Hayyuu dargaggeessaa
Beekaa rakkoof miiraa
Guyyattiin si nyaattee
Goota mataa dhiiraa

Diddee garaa murtee
Godaansa filatte
Guyyaan halkanaa'ee
Nus abdiin cilatte

Falasaatu dhibe
Silaa waa sii hin goonuu
Namnis hin aangomne
Du'a akka mo'u

Garuu,
Garuu gootummaan kee
Yoomis ta'e eessat
Katabamee taa'a
Onnee dhalootaa keessa

Ejjannoof kaayyoon kee
Daandii haqaaf cicha
Faanni gootummaa kee
Kitila biqilcha

Seenaan kee jiraataan
Onnee namatti horu
Galaa hin badne ta'a
Soora ilmaan boruu

Safartuu gootummaa
Safartuu namummaa
Tokkicha tok-kumaa
Dhufa kee hin fakkaatu
Deemsi kee dhuguma

Dhadhaan ibidda bu'ee
Silaa, bu'ee hin ba'u
Iddooma jirtutti
Nagaan siif haa ta'u

Kabajaan boqodhu
Mirga qulqullootaa
Duutees ni jiraatta
Bara baraan goota!!

Aartist Haacaaluu Hundeessaaf



Hojii(Business) Hojjedhu!

Getuu Abarraa

Qarshii qabaachuuf hojjechuun dirqama. Hojjechuuf immoo dandeettii fi tooftaan barbachisaadha.

Karaalee ittiin 'business' hojjetan kana dubbisuun jireenya guyyuu kee ittiin mil'adhu!

"HOJII HOJJETTUUF JAALALA ADDAA QABAADHU!"

.Hojii kamiyyuu hojjechuu dandeessa.

.Qajeelfamni inni jalqabaa hojii hojjetuuf iddoo guddaa kenni!

.Fedhii kee guutuudhaan jaaladhu!

.Humna kee guutuudhaan hojjedhu!

.Shakkii of keessaa balleessi!

■ Hojii kee yoo jaalatte, hojii kee fakkaatta.

.Maammilli kee akka sitti gammadu goota.

. Hojii keetiif ni amanamta.

. Namoonni sirraa fayyadamuu isaaniit-ti akka gammadan taasifta.

■ Barsiisaan barsiisuu isaatti gammad-ee fuula ifaadhaan yoo barsiise, barattoonni isa dhaga'u. Akka isaatti barsiisuufillee hawwiin keessatti uumama.

■ Kanaaf hojii hojjetu kamiyyuu gammachuudhaan raawwadhu!

Yaada maammiltoota keetii xiinxali!

Namoota waliin yoo hojjetu sirna hojii fi adeemsa hojii waan baay'ee barachaa deemta.

Yaada maammiltoota keetii xiinxali! Namoota waliin yoo hojjetu sirna hojii fi adeemsa hojii waan baay'ee barachaa deemta.

Hojii eegalame tokko milkaa'inaa fi bu'a qabeessum-maatti wantoota jijjiiran keessaa muraasa haa ilaallu. 'Business' tokko hojjachuuf tooftaalee 10:

1. Iccitii itti namaa waliin hojjetu malee iccitii hojii keetii gonkumaa namaaf hin himin!

2. Waan si harka hin geenye abdattee hin gammadin, yoo dhabde ni miidhamta.

3. Hojii gosa tokko qofa hojjechuun bakka yaadde hin geessu, waan dandeessu hundaa hojjedhuu!

4. Waan xiqqoo hojjatteen mul'achuuf hin ariifatin, hojiin kee iyyuu si mul'isaa.

5. Kanaan dura hojiin kee yoo siif hin milkoofne sana yaadde of hin jeeqin; sababa kufaatii keetii irraa baradhu malee!

6. Yoo dandeesse nama gargaari malee maallaqa liqeessuu hin heddummeessin; maallaqa keetis dhabdee nama sanas dhabda.

Waan hojjattu hunda irratti nama fakkeenya godhattu qabaadhu! Akka isaa/ishee ta'uuf osoo hin taane isa/ishee caaluuf hojjadhu!

7. Waan guddaa bor hojjattu ilaaltee xiqqoo har'aa hin tuffatin yookiin hin balleessin! maaliif seete, xiqqoon kun guddaa sana bira gahuuf riqicha ce'uumsaati.

8. Waan hojjechuuf yaadde dursitee hin odeessin! Namni qabeenyaan si caalu suma irraa dhaga'ee si dursuu danda'a.

9. Yoo dandeesse abbaa ogummaa waan tokkoo ta'uuf yaali! Maaliif seete? Ogummaan akka qarshii miti, argattee kaatee hin dhabdu.

10. Kaayyoon kee yoo galma siif gahe of qofaaf hin jiraatin! Lammii keetiif waan gochuu dandeessu hunda godhi!

Maaliif seete:

- Dandeettii osoo qabuu kan carraa dhabetu jira, karaa itti argisiisi!
- Maallaqa osoo qabuu kan nama (hiriya) dhabetu jira, amanamiif!
- Waan hunda hojjechuu osoo danda'uu kan roorroon itti heddummatetu jira waan ta'eef siif jira jedhii aantummaa kee mul'isiif!

Hojiitti Milkaa'uuf Karaalee shan:- Hojii haaraa jalqabuuf tarkaanfilee duree ta'anii fi itti milkaa'uuf karaa kan argisiisan shan(5) haa ilaallu.

Qorannoo Gaggeessuu

. Dhaabbanni tokko hojii (business) isaatti milkaa'uu kan danda'u, qorannoo gabaa irratti taasisuun barbaachisummaa hojii isaatti amanee tajaajila isaa qulqullinaan gara gabaatti dhiheessuudhaan.

. Kaayyoon qorannichaa wantoota maammilaaf barbaachisoo ta'anii fi kallattii hojii akeekuu irratti xiyyeeffata.

Fedhii Maammilaa Adda baasuu

. Kallattii hojii erga adda baastee booda, fedhiin maammilaa dhiheessii kee fayyadamuuf gatii guddaa fi xiqqaan fayyadamuu isaa adda baafta.

Gamaggama Gatii

. Maammilli (customer) kaffaltii guddaa qabaa-chuu isaanii fi wanta isaan barbaachisu fayyadamuuf hangam baasii gochuu danda'u kan jedhu.

Beeksisa Jalqabuu

. Beeksisa keessatti namoonni wanta barbaadan filachuu fi hanga barbaadan argachuu akka danda'aniif haala mijeessa. Hojii hojjetamuuf immoo caalmatti beekamtii kenna.

Hojiitti Galuu

. Tarkaanfiin inni dhumaa hojicha eegaluu dha. Adeemsa kana keessatti tajaajila saffisaan barbaachisan cimsuu fi kan fooyyee hin qabne gargar baasanii irratti hojjechuu dabalata.



Gaafas

Darraa Maaruu

Gaafan abjuun wareeree
Qaari'ee qilee bu'e
Gaafa Daaleen baroodde
Gaafa lammiin gadoode
Gaafa gootichi du'ee
Imimmaan koos lola'e

Mataa koo gadi cabseen
Qubeessaa koo madeesse
Ijaan imimmaan cobseen
Waa'ee gootaa qubeesse

Duumeessi Waxabajjii
Imimmaan duumessaa'ee
Samiitu dhiiga roobee
Seenaan dhiigaan barraa'e

Gaafas...
Mootiin du'aan mo'amnaan
Caamsan caama ari'e
Gaddis gammachuu moo'ee
Dukkanni gaafa sanaa
Boo'ichaan nuuf barii'e

Halkan waarii walakkaan
Qe'ee du'aa na bulche
Onnee koo gaddi cabsee
Gurra koo iyyi duuche
Bariin barraqaa suni
Biyya hunderra raase

Namummaan koo hadoodde
Qaroon koo dhiiga booche
"Maaltu ta'e" jettanii ?
Jiraa duuti dadhabde
Qabanii sakaalani
Yoon boo'es maal abbaashii
"Jirtuu?" koo wareegani
"Jirraa" nu mamsiisani

Ilkaaniin dhagaa daakee
Isa dhaloota soore
Isa hongeedhaan baqee
Dhalootaaf oolmaa oole
Isa sakaallaa ciree
Dirree dhugaa hiriire
Hafuura keen jabanna
Jiruu maalii jirra ree?
Bakka ati hin jirre

Deemteeree yaa xobbee koo
Kutattuu dhugaarraa hin gorre
Gamna fakkii dhalootaa
Hin duutu! akkamiin duuta?
Aarsaan kee labata oomishe
Faanni kee danuu of barsiise

Gaafas kan jedhu:
Dukkanicha gaddaan nurra marse
Guyyaa abaaramaa mogolee nu cabse sana.
Ji'a imimmaan duumessaa'ee; dhiiga roobe sani.
Guyyichi gaafa itti mootichi Industirii aartii muuziqaa gurraachotaa du'aan mo'amedha.
Garuu inni du'ees, mootii Industirii aartii muuziqaa gurraachotaati.
Haacaaluu Hundeessaa barabaraan qilleensa Itiyoophiyaarra mo'ee jiraata.

   
@labatamagazine



Labata Magazine

Subscribe our youtube channel